# BARNOOTA ADDAA KEESSATTI MIRGAWWAN MAATII

EdFirst MN



**Akka Adeemsa Eegumsaawwaniitti, maatiiwwan barnoota addaa keessatti mirgawwan ittaanan qabu:**

## WALIIGALTEE MAATII

- Gamaaggama barnoota addaa jalqaa eegaluuf waliigalteen maatii barbaachisaadha.
- Tajaajilawwan barnoota addaa jalqabuuf waliigalteen maatii barbaachisaadha.
- Maatiiwwan yaada aanaan dhiyeesse diduu ni danda'u
- Maatiiwwan waliigaltee tajaajilawwan barnoota addaa haquu ni danda'u

## GALMEEWWAN FI DAATAA BARATAA/TTUUA

- Manneen barnootaa galmeewwan odeeffannoo dhimma dhuunfaafi iccitii barataa ni eegu
- Maatiin galmeewwan barumsaa yeroo kamiyyu gaafachuu ni danda'u
- Galmeewwan barumsaa gadi dhiisuudhaaf/ ifa gochuuf waliigalteen maatii ni barbaachisa.
- Yeroo umuriin isaanii waggaa 18 guutu barattootatti mirgoota dabarsuu.

## ADEEMSA WALDHABDEE

- **MAATIIWWAN AANAA WALIIN WALIIGALUU DHIISUUN KAN ISAAN GAAFACHUU DANDA'AN...**
- yoo yaada aanaan dhiyeessen walii hin gallee ta'e walgahii IEP biraa gaafachu danda'u
- Gamaaggama Walabaa Barumsaa
- Waldhabdeewwan furuuf mana barnootaa waliin konfaransii araaraa
- **Jaarsummaa araaraa** konfaransii furmaa nama araaraa walabaa qabu waliin wal arguu
- **Walga'iin** IEP mijaa'ee kan nama walabaa MOEtiin ramadameen gaggeeffama
- Qajeelcha Barnootaa Minisootaatti **iyyata** galfadhaa
- **Abbaa seeraa bulchiinsaa waliin** adeemsa seeraa dhaga'uu

## QABANNAA RAGAA ADEEMSA SEERAA

- Maatiiwwan yoo xiqqaate waggaatti si'a tokkoo adeemsa eegumsaa argachuu qabu
- Maatiiwwan Hubachiisa Dursaa Barreeffamee (PWN) kan yaadawwan aanaan dhiyeesse ibsu argachuu qabu.
- Maatiiwwan Hubachiisa Dursaa Barreeffameef deebii kennuudhaaf guyyoota 14 qabu
- Hubachiisa Dursaa Barreeffamee erga fudhatanii guyyoota 14 booda akka waliigalameetti haalli ittiin fudhatamu jira.

## GAAFFIIWWAN YKN YAADDOOWWAN DABALATAATIIF, MAALOO QUUNNAMAA:

| Qajeelcha Barnootaa MN (MDE) | PACER | ARC Minisootaa | Wiirtuu Seeraa Miidhamtoota Qaamaa Minisootaa |
|---|---|---|---|
| www.education.state.mn.us<br>651-582-8689 | www.pacer.org<br>952-838-9000 | www.thearcofminnesota.org<br>651-523-0823 | www.mndlc.org<br>612-334-5970 |